

SIIN ALA

....

...

.....

Bakka keesse wallaaltus barbaaduu hin dhiisne. Ijashee asiif achi mirmirsitee miinjaala gubbaa ilaalte... hin jiru. "Humm.. Hagas mara amman qalbii dhabuttimoo!" jettee ofitti guungumte qalbii isheetti. Huccuu halkanii ofirraa baastee teessuma gubbaa keesse ol kaastee ilaalte. achirras hin turre. Gara kutaa irriba ishees deemuun bakka tarii kaa'uun mala jettu barbaaddee erga dhabdeen booda bakkuma dura turte jiraachuu amantee osoo deebituu golgee manaa gidduutti harka ishee gubbaa jiraachuu argite. Bilbil sochiin ishee. Harka ishee lamaanuun mataa ishee qabattee ofirra gad quphante. achiis qalbiisheetti deebi'uu yaalaa?

"Maalin ta'aa jira garuu?"

"Maraachuufin deemaa?"

"Hmm.. Hangan hagas qalbii dhabuttimoo?"

"Yookin onnee qabaadhee itti hin himne.... ykn itti dhiisee hin irraanfanne... Amma an namaa?"

"Garuummoo jaallachuun fayyummaadha.. because I'm healthy?"

Jechaa waliin morkii yaada ofiitti ofiishee waliin seente. Garuu injifannoon hin jiru. Isheen yaadashee.. yaadishees ammoo ishee injifachuu hin dandeenye.. of tuffattee of jajjabeessiti.. dogoggoraa jiraachuu gaafa qalbiin ishee itti himu, qalbii inni biraan immoo sirriidha jedhee hamilee laataaf.

"Lammata waa'eesaa hin yaadu.. jaalallis dhidhima haa seenu.. tuu..! an nama miti gaafan waa'eesaa yaade!" jechaa bakka quphantee kaatee Yaada ofiitti amanamummaan onneeshee ijaartee manaa ba'uuf qoqophaa'uu eegalte.

itti himachuu baattus isa jaallatteetti. Kanaan dura onnattee.. kutattee waan itti dhaga'amu ibsachuuf murteessitee deemtus gaafa isa bira geessu garuu... Bubbeen sodaa guutummaa qaama isheetii weeraruun ofitti amanamummaashee jalaa haxaa'ee onsa. Ku nimmoo guyyaa tokko miti.. guyyaa lamaafis hin turre.. Erga gaafa inni hospitaala isaaniitti ramadamee eegalee liphii argaa ijaa tokkichaatiin mannee jaalalaa lapheeshee keessatti ijaarrateedha. Garuu himattee hin beektu.. Jaallachuuf carroomtee himachuuf of qusatte. Dr. Egereen.

Hanga jireenya ishii har'aa jiraatte keessatti miirri akkanaa yeroo jalqabaaf ji'a lamaan duraa eegalee itti dhaga'amuu isaati. Umurii ishee irra jireessa mana barumsaatti waan dabarsiteef yeroo jaalalaaf hin

qabdu turte. Barumsatti qaxalee ta'uusheerraan kan ka'es gaafa barnoota sadarkaa lammaffaafi olaanaa seentee ooguma dooktarummaaf Yuunversitii Kuush kan seentes jaalala fannifteeti. yeroo maatii bira turtettis barumsa malee waanti biraan hin yaadamu. Egaa amma akkamitti bakka fanniftee fuutee dhukee irraa haxaa'uun miirri ajaa'ibaa akka itti dhaga'ame beekuu baattus garuu isa jaallatteetti... Dr. Guutaan

Edana dabareen bultii ishii waan hin turiniif har'a ganamaan hojii seenuu qabdi. Qalbiitti deebi'uuf sammuu ishii faana qabsa'aa erga qoqophooften booda "Lammata waa'eesaa yaadachuu hin qabu" jechaa yaada ishiin falmaa korojoo ishii fannoorraa butattee nafa nafa konkolaataa mana hijoo ishee Hospitaala Gadaa qaqqabchuuf balbala mana isheetii cuftee baate. akkuma xiqqoo mana ishee Hurufa Boombii jirurraa fagaatteen garuu qalbiin ishee inni tokko Dr. Guutaan abbaa dabaree ta'ee Hospitaala buluu itti hime. Achumaanis nan irraanfadha isa jette irraanfatee yoo daftee yeroon achi geesse gaafa inni galuuf mooraatii ba'u balbalarratti arguu akka dandeessu tilmaamte. Fageenya muraasa erga mana isheerraa siqheen boodas konkolaataan dheeraan hospitaalichaa halluu Diimaafi Gurraachaa dibamee jiru.. akkasumas cina bitaaf mirgaa lamaaniin KONKOLAATAA HOJJETTOOTA HOSPITAALA GADAA barreeffama jedhuufi fakkii Abba Gadaa halluu adidhaan mullisu dhaabbatee ishee eegaa ture.

Akka konkolaataa seentee hunduma nagaa fuuteen boodas Siister Galaanee biraan bakka duwwaa jiru argattee taa'uun yaadaan godaante.. Amma hospitaala bira ga'anii siister Galaaneen yaada keessaa harkistee baastuttis.. Waa'ee bareedina isaa.. Akkaataa inni itti kolfu.. Dubbatu.... Gaarummaa isaa qofa kuusaa gola sammuu keessaa baastee osoo daawwattuuti kan achi geesse. Konkolaataa keessaa Buutee yoo gara mooraa seentu garuu inni balbala gubbaatti itti hin dhufne.

Yaadaan mooraa keessa isa ilaalaa gara biiroo isheetti..

Barreessaan #Abdiisaa Balaachoo

@lammiif